homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
106, 108, 110, 112 Elizabeth Street
RICHMOND

Kabajamoo jiraatoo

Waa’ee adeemsa Ijaarsa Mana Jireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu sadarkaa olaanaa isin beeksisuuf isiniif barreessaa jirra.

Sagantaa gulantaa itti aanuu amma bakkewwan haaraa 7tti adeemsifamaa jira. Kana jechuun mana jireenyaa fooyya’aa, nageenya qabuu fi mijataa ta’e jiraattota ammaa fi gara fuulduraatti naannoo magaalaa 9 keessa jiraataniif qopheessaa jirra jechuudha. **Beeksifni har'aa gamoo yookiin mana keessan irratti dhiibbaa hin qabaatu.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

Maatiiwwan gamowwan ol ka'oo kana keessa jiran waliin haala idileetiin wal quba qabaanna. **Adoolessa 2026 irraa eegalee hanga Guraandhala 2028tti**, yommuu deebisanii misoomsuun itti fufee jirutti, miseensota maatii kanneen gara mana mijataatti dabarsuuf walitti dhiheenyaan ni hojjenna.

## Manneen haaraa naannoo keenyatti ijaaraa jirra

Filannoo qubsuma jiraattota kanaa deeggaruuf manneen jireenyaa haaraa qulqullina qabu duraanuu naannoo sanatti hojjetamaa jiru. Kanneen bara kana keessa kan xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalata:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kanneen ho'uu fi qabbaneessuuf salphaa akkasumas, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa, nageenya, ifaafi afarsituu qilleensaa fooyya'aa akkasumas barandaa fi kutaa miiccaa dhuunfaa kan qabanidha.

## Ollaa keessanitti

Jiraattota **139 Haayit Stiriit fi deemsa oloo Elizaabeet Striit, Wiiliyaams fi Anderson Koorts** bakka biratti ceesisuuf gargaaruu itti fufna. Gara 85% kan tahan maatiiwwan jiraattotaa duruu godaanan, yookiis sochii godaansaarra jiran yoo ta'an, kan hafanis hanga Guraandhala 2026tti guutuutti godaanuuf jiru.

Gama biraatiin, nageenya manneen duwwaa mirkaneessuuf hojjechaa jirra. Akkuma manneen olee duwwaa ta'aniin, hanga danda'ametti dafnee qulqulleessinee faayidaaf qopheessina.

Yommuu kun tahutti, sagantaa suphiinsaa nageenya fooyya'aa, fooyya'iinsa bakka seensa irra jiruu fi iddoowwan alaa dabalatee itti fufna.

## Waa'ee sagantaa deebisanii ijaaruu

Manneen olka'oon durii Melboorn manneen haaraa sadarkaa ammayyaa mijataa, dhaqqabummaa fi anniisaa qusachuu guutaniin bakka bu'u.

Gamoowwan kana irra deebiin misoomsuun jiraattonni ammas ta'e gara fuulduraatti mana nageenya qabu, mijataa fi fedhii isaaniif malu keessa jiraachuu akka danda'an mirkaneessaa jirra.

Jiraattonni hundi karoora manneen haaraa fi dizaayinoota naannoo irratti ni mariisifamu. Deebisanii qubachuun kana booda hanga Amajjii 2028tti hin jiraatu.

## Nu waliin turuudhaan odeeffannoo haaraa argadhaa

Manni keessan qaama sadarkaa irra deebiin misoomsuu manneen olka'aa kanaa miti, garuu jijjiiramna naannoo keessan keessatti uumamu hubachuu dandeessu. Sadarkaa pirojaktichaa hundaatti odeeffannoo haaraa isiniif kennuuf isin waliin jirra.

Akkasumaswaan naannoo keessanitti ta'aa jiru ilaaluuf marsariitii keenya homes.vic.gov.au dawwachuu akkasumas odeeffannoo haaraa argachuuf galmaa'uu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026